Eessaan gargaarsa argadha?

Yoo gargaarsa feete nama gaaffilee Tohii siif hiruu fi sirraa walitti qabu gaafadhu.

Daandiin biraa ammoo telefoona tolaa kan hujii Tohiitiif baname bilbiluun gargaarsa gaafachuu dha. Bilbilli kun gaafa Gurraandhala 19, 2001 Calqabeeetu banaa ta'a.

Lakkoofsi bilbilamus **0800 80 2001.**

Namoota reefu biyya kana dhufaniif:

Gabatee Tohiif qophaawe akkaataa itti guutamu yoo wallaalte gargaarsi siif godhama. Hiriyaa qabdu gaafadhu, Yokaan lakkoofsa bilbilaa 0800 80 2001 bilbiluun namni afaan hiiku akka siif dhihaatu gaafadhu. Namni sigargaaru ni jiraata.

Tajaajilli afaan hiikaa afaanota kanneen gaditti Tarrifamaniin ni kennama:-

- Māori
- Samoan
- Tongan
- Korean
- Mandarin
- Cantonese

Bilbila Tolaa kan dhimma Tohii ilaalchisee

New Zealand keessatti bakka feete Tola bilbiluu ni dandeessa.

0800-80-2001

Gurraandhala 19, 2001 irraa eegalee bilbili.

www.stats.govt.nz

Statistics NEW ZEALAND Te Tari Tatau

Census Tatauranga

Tautokotia, kei mahue koe. Make sure you count.

Waayee tohii bara 2001

6 Bitootessa 2001

Statistics NEW ZEALAND Te Tari Tatau

OROMO

Tohiin maali?

Tohiin ummatootaa fi jiraattota biyya kanaa hunda lakkaawuudha. Gabatee tohii nam tokkee nama New Zealand keessa jiraatu hundaan guutamu qaba. Abbootiin maatii ijoollee isaaa hundaaf daa'ima reefu dhalatte/dhalate dabalatee gabatee nam tokkee guutuu qaba. Gaaffilee adda addaa kan dhimma waayee Gannaa (umrii) Sabummaa, haala hujii fi ogummaa kan of keessatti hammatantu jiru.

Akkasumas maatii hundaafuu gabateen jiraattotaa tokko ni kennamaaf. Maatii keessaa namni tokko gabatee kana ni guuta.

Tohiin itti aanu N.Z. keessatti yoom gaggeefama?

Tohiin ummatootaa fi jiraattotaa kan dhufu gaafa Bitootessa bultii 6, bara 2001 tu gaggeeffama.

Tohiin maaliif gaggeeffama?

New Zealand keessatti Tohiin Waggaa Shan Shaniin gaggeeffama. Inni kun dambii Tohannoo kan bara 1975 bahe keessatti Seeraan barbaachisaadha.

Odeeffannoolee Sirrii tahan Walitti qabuun guddisee bu'a qabeessa. Odeeffannooleen kun fuula dura sagantaalee guddinaa hawaasotaaf gophaawaniif hundeedha.

Odeeffannooleen Tohii akkamitti dhimma irra oola?

Odeeffannooleen waayee ummataa walitti qabaman motummadhaan, daldaltootaan, manneen mariilee kan naannoo, murnoota adda addaatiin waan hawaasaaf barbaachisoo ta'an ittiin qorachuu fi dhimma baasii adda addaa kan fuula duraaf barbaachisan ittiin saganteessuuf gargaaru. Fakkeenya tokko kan ta'u odeeffnnoo Tohii irraa argameen naannoo maatiileen ijoollee qaban haaraa qubatanitti mana barnootaa haaraa ijaaruun akka barbaachisaa ta'e mul'achuu isaatii.

Tohiin akkamitti bu'aa si buusuu fi si miidhuu danda'a?

Yoo namuu Odeeffanno sirrii ta'e kenne murtiileen sadarkaa naannootti fi biyyaatti tajaajila ummataaf oolan kan akka bakka daandiin itti tolfamuu qabu, dunkaanni iitti banamu qabu, akkasumas bakkoota tajaajilli fayyaa fi manneen barnootaa itti ijaaramuu qaban kennamuu danda'u. Waggaalee shan keessatti heddumminni ummata keenyaa fi wanneen ummataaf barbaachisoo ta'an ni jijjiiramu-Odeeffannooleen walitti qabaman kunis maaltu akka jijjiirame mul'isu.

Akkasumas Odeeffannooleen tohii ummataas warra karoora biyyaa qopheessaniif Horiin hagam gargaarsa manneen jireenyaatiif akka barbaachisu, hagam tajaajila jireenyaatiif, hagam leenjii hujiiti fi tajaajila qubattota haaraaf kan akka barnoota afaaniif akka barbaachicu murteessuu irratti gargaara.

Odeffannooleen kee iccitiin qabama

Hojjattonni mana hujii Tohannaa New Zealand hundii isaani Odeeffannoolee kee iccitiin qabuuf dirqama seeraatu irra jira.

Odeeffannoolee nama tokkoo kan hujii Tohiitiif walitti qabame namni kan biraa, Jaarmayaan biraa kamiyyuu akkasumas waajjirootiin motummaa kamiyyuu argachuu hindanda'an.

Inni kun Damee hujii fi galii, Damee galii biyya keessaa, Damee Tajaajila miidhama balaa, polisa, fi Tajaajila sochii ummataa biyya keessaa fi alaa (Immigration) ni dabalata.

Dameen Tohannaa New Zealand yeroo Tohiin gaggeeffamu maqaalee fi Teessoolee ni gaafata kunis heddummina akaakule odeeffanno walitti qabaman dhugoomfachuu fi maatiilee murnaan sadarkeessuuf gargaara.

Tohiin akkamiin gaggeeffama?

Gabateeleen Tohii otoo guyyaan tohiin itti gaggeeffamu Bitootessa 6, 2001 hin gahiin dura manatti siif dhufu. Haaluma kanaan gaaffiilee jiran i laalun hubachuu danda'u ke yeroo argatta. Namni gaaffilee Tohannaa manatti siif fide eegaa guyyaan Tohii dabree bubbuleeyyu deebi'ee sirraa fuudha.

Namni gaaffilee tohii hiruu fi walitti qabu kun borsaa addaa kan bifa bulee qabu dugda irraa qaba, akkasumas kaardii eenyummaa Suuraan irratti maxxanfame kennamuuf qabaata.